OROMO

YAKKA JIBBAA

Waayee isaa waan tokko gochuu dandeessu!

WELSH REFUGEE COUNCIL
CYNGOR FFOADURIAID CYMRU

www.wrc.wales

YAKKA JIBBAA

Waayee isaa waan tokko gochuu dandeessu!

Akkam jirtu, Gara Weelsitti Baga Nagaan Dhuftan! Namoonni haaran gara Weelsitti dhufani aadaa, dandeettii fi beekumsa hawaasa keenya gabbisuu danda'u fidanii dhufu. Kanaafuu, jireenya Weelsi keessaa akkamitti argattan?

Weelsiin biyya bareedduu fi namoonni ishii heedduun kan nama jaallatan yommuu ta'annamoonni tokko tokko garuu miti.

Hoo…Maalif? Waanti uumame jiraa?

Yeroo tokko atoobisii irratti,namni hinbeekamne tokko gara biyya kootti deebi'uun qaba jedhee maqaa ani hinbeekne natty dudubbata. Akka dhaabatu yeroo gaafadhu waan tokko nati hafe. Wayinnii nati fakkaata. Baay'ee qaana'e, sodaadhee ture. Waanan godhu hinbeekne ture.

Hagam nama qaanessaa. Waanti badaan sitti yoo dhaga'ames nahinajaa'ibu. Badii kee akka hin taane beektus? **Kuni gocha jibbaati**. Waayee isaa poolisiitti himuu ni dandeessa. Yakkati jedhanii yoo yaadan, taa kaanfii fudhachuu ni danda'u. Ni dhaga'u gargaarsa ni godhu akkasumas, yakka jibbaa keessatti kanramadamu yoo ta'e ni goratu. Dhimmicha **yakka jibbaa**. Kessatti illee hinramadan yoo ta'e illee gargaarsa argachuu akka dandee ssaniif dhimmicha gabaasuuf isin gargaara. Dhiisii hinqabdan!

Gabaasuu nandanda'aa? **Yakka jibbaa jeechuun maalinni?**

Yakka jibbaa jechuun saba, amantaa, amantii, hirrina qaamaa, eenyummaa saal-lamee ykn fedhii walqunnamtii saalaan kan ka'e gocha jibbiinsaa isinirra gahu jechuudha. Jibbichi isin irrattis ta'ee nama biroo irratti yeroo raawwatamu yoo argitan gabaasuu ni dandeessu. Isaanis miseensamaatii keessanii, hiriyoota keessan, nama qunnamtan ykn hinbeekneta'uu ni danda'u.

Yakki jibbaa iddoo kamittiyyu uumamu ni danda'a. Mana kessaniti, konkolaata kessat , paarkii irrati, mana barumsaa ykn yuunivarsiti kessati umamu ni danda'a.

DHUUGAA:
Yakka jibbiinsaa jechuun waanisintaatan yka bakka buutaniin kanka'e jibbaisin irratti raawwatu jechuudha yakki jibbiinsaa bakka kanittuu, mana keessan keessatti, konkolaataa irratti, panakii keessatti, mana baruumsaa yka yuunvarsiit. Ttiraawwatamuu ni dandaa.

Haata'u malee, namnu kun dadhaa ta'uu ni danda'aa jedheen yaadaa?

Waayee keessan yaaduun Yaadolee sanaan kan ka'e isin miidhe. Kun "UK" keessatti fudhatama hinqabu. **Waanta akkanaa hojjachuun seeran alaa fi yakka ta'uu ni dandaa!** Mana hawaasa fi naanolee namoonni jiranitti nageenyan jiraachuuf mirga qabdu.

Mamoota fudhatama hin qabne irratti waantonni uumamuu danda'an baay'ee dha. Waantonni kun bakka uumaman itti gocha jibbaa ta'u sababni isaas namni tokko waayee keessan waan badaa yaadeera. Isaanis kan armaam gadiiti:

- adabamuu, sodaachifamuu g qoodamuu,
- waan wayii sitti darbamu ykn waan badaa raawachu,
- namni tokko sodaach'saa isinitti dhufuu,
- mallattoo isin arrabsuu, ykn harka isinitti qabuun arabsa isinitti agarsiisuu,
- isinitti tufaa, issin dhuutuu ykn rukutuu,
- maqaa badaan waamamuu ykn isinitti qoosamuu,
- qabeenyi keessan baduu ykn hatamuu,
- hollaan rukutamuu,
- namoota hollaatiin jibbamuu fi,
- hir'inaqaamaa, saba, amantaa, fedhii walqunnanitii saalaa ykn maalummaa keessaniin kanka'e jibbamuu.

Eyyee, Garuu akkamittan gabasa?

Haata'u yeroo atattamaa 999 irratti bilbiluu ni dandeessu:

- gochichi amma raawwatamaa waan jiruu fuu gargaarsa atattamaa isin barbaachisa,
- miidhaa geessisaan amma yyuu dhiyeenya irra yoo jiraate,
- lubbuu keessan ykn nam biroof balaa kan qabu yoo ta'e,
- fincijilii hoji irra Jole jira akasumas atis akka soodaan sitti dhagamaa.

Yoo barbaade 101 waammii

- yoo taatan yeroo wayiittin duraa kan umamee waan ta'eef gabaasa gochu barbaada,
- namnii midhaa sirraan gahee ammaan booda dhihoo kanatti hin argamu,
- amma lubbun kee ykn kan namaa biro ammaa balaa kessatti hin argamtu,
- jequmsii hommaa sirrati hin taasifamne.

999 YKN 101 BILBILUUN
Yakkaa Jibaa gabaasu barbaada" jechuu yaadadhu.

Eyyee, Garuu akkamittan gabbasa?

Yommu yakkaa jibbaa gabaasa gootu poolisin tarkaanfii baarbachisa hundaa nageenyumaa kee mirkanesuf ni fudhata. Yoo bufataa poolisaa ati isaan hin qunamne ta'e dhufani sii ilaalu ykn bilbilaan siin haasayun haala iccitti eggeen tarrefamma ni fudhatu. Poolisin maal akka sirriti ta'e jaqasun degarsaa dhaabile biro midhamtotoota gargaaru dabalate hangaa qoranoon dhumatutti ni raawata. Barbaachisaa ta'e yoo argame poolisni namni akka sii hin qunamne ni taasisaa. Humnii Poolisii Welishi qondaloota ofkennoo yakka jibbaa dhaabuuf degar ni argamu issaanis sii gargaaru.

Namaan hin haasoftu/dubatu, walitti hin butuu ykn qunamnti kallaatti hin qabaatu, garuu kan armaan gadii gafatamu dandesaa:

- jechaa akka kennitu,
- ragaa qabaachu dandeesu kammu akka bilbilaa moobayilaa kee irraa ykn cctv, ykn midhaa qaqabee ykn suuraa,
- qoranno midhaa balaa nama midhaa irra gaheef kenni; kunis maaltu akka sitti dhagahamu fi jiru kee haalaa kamin akka midhe,
- kara degarsaa bakka bu'otaa midhamtootattin ragaa mana murtiif dhiheese.

Yoon gabaasu hin barbaadne hoo? Gabaasun yoo daraan sukanesaa godhe hoo?

Waa'e taatee enyuufiyu haasayu/dubachu hin barbaadne ta'e, qajeelotii karaa toora entarneti weebsaayitti midhamtoota degaru **www.reporthate.victimsupport.org.uk/hate-crime/** asii irraa gara **hate.crimewales@victimsupport.org.uk** ykn bilisaan maxxansu dandesa. Ykn lakkoofsa kanarratti bilbilaa: **0300303198**

YAADADHU:
Yakka Jibbaa gabasuuf enyuufu hin dubatin, qajeelotti karaa toora intarnetittin gochuu dandeesa.

Ani, baqatumaa gaafataadha. Kanaaf xiyyefanno offiti haarkisu hin barbaadu. Jeqamuu hin barbaadu akkasumaas gaafi baqatumaa kiyyaa dhibaa irra akka gahuu hin barbaadu.



Yakkii jibbaa fi taateen kan ilaalamu poolisoota naannoo jiraniin waan ta'eef iyyaannoo baqatumaa irratti dhibaa hin qabu. Namni tokko enyuummaa keetin ykn enyuu jechuun waan sii yaadanif yoo sii midhuu barbaade ballesaa keetti miti. Qorannoo saniif poolisin sii wajjiin hojataa. Kunis bellaamaa iyyannoo baqattumaa addaan hin kutu akkasumas tarreen gabaasa yakka jibba gara waajjira ati argamtuuti hin ergamu.

Dabalataan, taatee jibbaa gabaasun kee gargaarsaa mana jireenyaa kee irratti dhiibaa hin umu. Haa ta'u male taatee jibbaa wajjiin walqabate iddoo jireenyaa caalmaan nageenyumaan kee mirkanayu yoo barbaadekanaan gargaaramu ni dandeesa.

Yoo ani mataa kooti gabaasu baadhe namni biro anaf gabaase hoo?

Deggartoota midhamtoota lakkofsa **0300 303 1982** irratti bilbilii, issaan bake kee bu'ani gabaasa ni godhu. Ejeensii deggartoota naannoo gabaasa gochuf degarsaa gaafachu ni dandesa. Ejeensiin sii gargaraan Kaawunsilii Baqatootaa Welsii (Welsh Refugee Council), Birroo Gorsaa Lammii (Citizens Advice Bureau) fi Qaxaamuraa Dimaa Biritishi (British Red Cross) ni hammataa.

DEGGARTOOTA MIDHAMTOOTA LAKK 0300 303 1982 BILBILII, issaan gabaasa ni godhu.

Namaa yakka jibbaattin ana irratti midhaa qaqabsisee haalaan ille yoo hin ibsine gabaasa haa godhuu?

Eyyeen, oddefannoon waa'ee sirra gahee kenite barbaachisaa ta'u waan danda'uf akkasumas taatee walfakkaata nama biro irratti naannoo ati jirattutti qaqabee ta'u waan maluuf. Poolisiin nama kana bekee waan danda'uf, raggaa taatee moobayilii irraa ykn CCTV irra kan qubate irraa waan argachu dandaa'uf. Taatee kun daraan cimee yakka jibbaa heeduu waan geesuu danda'uf. **Waan tta'ef nama tokkof gabaasa godhi.**

Yoo poolisiin yakkaa jibbaati miti jedhee yoo yaade hoo?

Kan sirra gahe kee yakka jibbaatin yoo hin ramadamin poolisin gochaa isaan fudhatan siif beeksisuu. Midhamaa degaruun itti fuufaa.

Taateen Yakka Jibbaa Ta'u Mirkanesuu Qabaa?

Miti Enyuumaa Sanyii, amantaa, qaama midhamaa ta'u keettiin, saalaan, koorniyaadhan midhaaf xiyyefannoon anaratii taasifamera jette kan yaaddu yoo ta'e poolisiin dirqamaa akka yakka jibbaati maaltu akka umame beekuu qaba. Wantii **umamee yakka** raawatoota irraa off eguuf ilee yoo ta'e (poolisin taatee yakkaa jedhuun waamuu ni danda'a) hangaa kanatis poolisin qorachun akka wanti kun hin umamne ni dhaabsisa. Akkasumas Qondaalaa ofkennoo Yakka Jibbaa ittisaatin (Hate Crime Support Officer) degaramu ni dandeesu.



YAADADHU:
Poolisin ashaaraa waraabii bilbilaa moobaayilaa ykn kaameraa daandii raga gabaasa kee argachuf itti fayyadamu ni danda'a.

Gabaasa Gochuun maaliif barbaachisaa ta'e?

Yakki jibbaa hedduun osso hin gabafamni bira darbama. Yoo yakka jibbaa gabaaste garaagarumaa siif, hiriyaa keetif, maatii keetiif, haawaasaaf ni uma. Yoo wanti kun umaamu gabaasu ni dandeesu.

- akka sii fi nama biro irratti hin umamne gargaaru,
- baqatootaa fi hayyamaa jirreenyaa warra barbaadanif ibsaa gabaaba kennuun gargaaru,
- sadarkaan yakkaa jibbaa nannoo kettiti hangam akka ta'e poolisin akka hubatu gochuu, wajjin mari'achu,
- haallii poolisiin yakka jibbaaf deebii keennu fooyesuu.

Tarrefannoo odefanno dhunfaa yoo kan hin kenine maaltu akka dhalate itti hima. Oddefanno fayyadamun yakka jibbaa naannoo keessaniti umamee to'achuf ni gargaara. Haasaawni kee nageenyumaan kan itti dhagahamu fi namooni qophumaan akka itti hin dhageenye godhi. Poolisin yakka jibbaa gabaafame hundaa ni galmeesa. Wanti ati gabaaste mana murtiif akka dhihaatu gochisisu mala. Haa ta'u malee sii fi eejensoota yakka jibbaa irratti deggersa kennan biroo wajjin dhimmichi haalaa sukanesaa irra akka hin geenyee taasisa.

Yoo poolisin ana dhagahu didee hoo? Yoo hiriyaan koo dandii irratti ruukutame poolisin jechaa hiriyaa koo irra fudhate male gocha biro homaa hin raawane.

Yoo miltoon poolisaa ykn qondaalaan poolisaa yoo sii dhagahu hin dhagenyee ykn haalaan yoo haasofsisan **koomii dhiheesu ni dandeesa**. Bufataa poolisaa dhiheenyatti argamu irrati komii dhiheesun kutaa Istandardi piroofeshinali gaafachun qajeeloti dhaqa. Tajaajili poolisi hundu kana ni qabu. Miseensota paarlaamaa(Member of Parliament, MP) naannoo keessani ykn miseennsota ya'ii (Assembly Member, AM) itti himu ni dandesu, inni ykn ishen koomii akka dhihefatu ni taasisu ykn Komishini Koomii Poolisii Bilisaa (Independent Police Complaints Commission, IPCC) toora intarneti **www.ipcc.gov.uk** qunamu ni dandesa. Dabalataan karaa abuukatoo keetii yoo qabate koomii dhiheesu ni dandesu. Miseensota paarlaama naannoobarbaaduf gara **https://members.parliament.uk/members/Commons** deemuun linkii tuqa.

Miseensota yaa'ii naannoo barbaadufgara **www.senedd.assembley.wales/mgFindMember.aspx**

Ajeensi Yakka Jibbaa gabasuuf issin gargaaru keessa gariin

- **Qaxaamuraa Dimaa Biritishi (British Red Cross) 01633 245 774**
- **Biro Gorsaa Lammii (Citizens Advice Bureau) 03444 772 020**
- **Degarsaa Midhamtoota (Victim Support) 0300 303 1982**
- **Kawansiil Baqatoota Welsi (Welsh Refugee Council) 02920 489 800**

YAADADHAA:

Yakka jibbaa yeroo gabaastan, isiniif, hiriyyoota keessaniif akkasumas hawaasa keessaniif garaagarummaa uuma.

Mirkanefachu

Waraqaan yakka jibbaa namooni yakka jibbaa akka hubatanif qajelcha ni kenna. Taatee weelsitti umameef akkamitti akka gabaafamu fi kun akka hin umamnef maal gochu qabda. Kaawonsilin Baqatoota Weelsii (Welsh Refugee Council) odefanno kana nama birottin qoduf gamachuti itti dhagama. Akkasumas dhaabile nuu wajjiin waraqaa barariis kana qophessan galatni haa qaqqabu.

Mahadsanid

VS CYMRU VICTIM SUPPORT CYMRU | WALES

HEDDLU GWENT POLICE

WELSH REFUGEE COUNCIL CYNGOR FFOADURIAID CYMRU

Ariennir gan **Lywodraeth Cymru**
Funded by **Welsh Government**